



Mootummaa Naannoo Oromiyaa

**Biiroo Induustirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaatti
Ejensii Misoomaa fi Manaajimantii
Lafa Magaalaa Oromiyaa**

**Qajeelfama Adeemsa Lakkaa'insa Qabiyyee fi
Gurmaa'insa Ragaa Lafa Magaalaa
Murteessuuf Bahe**



**Eebila 2008
Finfinnee**



Baafata

Mata Duree	Fuula
Seensa.....	1
KUTAA TOKKO	2
Tumaalee Waliigalaa	2
KUTAA LAMA	6
Kaayyoo Fi Qajeeltoowwan Qajeelfamichaa	6
KUTAA SADI	8
Qabiyyee Lafa Magaalaa Lakkaa'uu Fi Galmeessuu	8
KUTAA AFUR	19
Gurmaa'iinsa Ragaa Qabiyyee Lafa Magaalaa	19
KUTAA SHAN	23
Tumaalee Adda Addaa	23



Seensa

Riifoormii lafa magaalaa dhawataan hojiitti hiikuuf hojiin haaldureen raawwatamuu qabu keessaa ragaa lafa magaalaa lakkaawuu fi galmee qabiyyee lafaa teessuma lafaan gurmeessuun hojiiwwan murteessoo waan ta'aniif hojii kana magaalotni bifa walfakkaatuu fi itti gaafatamummaa qabuun raawwachuu akka danda'an hojmaata seeraa diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Hojii kana raawwachuuf qindomina seektara magaalaa adda addaa kan gaafatu waan ta'eef qindoomina kana uumuuf seeraan hojmaata dandeessisu diriinsuun waan barbaachiseef,

Magaalotni qabeenya lafaa qaban adda baasuun akka beekanii fi ragaalee qabiyyee lafaan walqabatanu sassaabuun sirna itti gaafatamummaa qabuun bulchuu danda'uu fi murtii lafa irratti dabarsaniif haala mija'aa uumuun murteessaa ta'ee waan argameef;

Ragaa yookiin faayyilota qabiyyee lafaa magaalota keessatti argaman koodii addaa kennuun akkaataa teessuma lafaatiin gurmessuun kenninsa tajaajilaa si'ataa, saffisaa fi qulqulina karaa qabuun tajaajilamaaf kennuuf dandeessisuun rakkoo bulchiinsa gaarii kenniinsa tajaajilaan walqabatu hiikuun dirqama ta'ee waan argameef;

Labsii Liizii lafa magaalaa bulchuuf bahe lakk. 721/2004 keewwaata 35 keewwaata xiqqaa 1 jalatti lafa magaalaa karaa seeraan alaa qabachuun itti gaafatamummaa seeraa hordofsiisu hojii irraa olchuun olaantummaa seeraa mirkaneessuuf magaalotni qabeenya lafaa isaanii gocha seeraan alaa fi weerara irraa ittisuuf qabeenya kana galmeessuun sirna eeguumsa bu'a qabeessa ta'e dirirsuu fi ragaalee qabiyyee lafa magaalaa eeguumsa gochuun yoo danda'an qofaa waan ta'eef;

Akkaataa labsii Ejansii Misoomaa fi Manaajimaantii Lafa Magaalaa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk. 179/2005 keewwata 17(2)'tiin Ejensiif aangoo keennameen qajeelfamni kun baheera.



KUTAA TOKKO

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata-Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “ Qajeelfama Adeemsa Lakka’iinsaa fi Gurmaa’insa Ragaa Lafaa Magaalaa Oromiyaa Murteessuuf bahe Lakkoofsa 3/2008” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hiika Jechootaa

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, qajeelfama kana keessatti;

- 1) “Naannoo” jechuun, Naannoo Oromiyaa jechuu dha.
- 2) “Ejensii” jechuun, Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Oromiyaa caasaa isaa hanga gandaatti kan dabalate jechuu dha.
- 3) “Magaalaa” jechuun, magaalota naannichaa ulaagaa magaalummaa guutuun qaamni seerummaa magaala ta’uu qaama aangoo qabu irraa kennamu argate jechuu dha.
- 4) “Lafa Magaalaa” jechuun, lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechuu dha.
- 5) “Daangaa Bulchiinsa Magaalaa” jechuun, mallattoo fi/yookiin bifa uumamaa kan akka lagaa, gaaraa, fi kan kana fakkaatan, lafa daangaa bulchiinsa magaalaa tokkoo keessatti argamu daangessitoota isaa irraa adda baasee agarsiisu jechuu dha.
- 6) “Kaartaa bu’uuraa” jechuun wantoota adda addaa qabatamaan lafa irra jiran kan uumamaa fi nam-tolchee ta’an kan agarsiisu ragaa bu’uuraa lafa kaartaa qabatee jechuu dha.



- 7) “Biilookii” jechuun lafa bulchiinsa magaalaa keessatti argamuu ta’ee iddoo kallaattii hundaan daandiin fi/yookiin bifa uumaamaan kan akka laga, gaara, sulula fi kan fakkaataniin dangafame jechuu dha.
- 8) “Parsilii” jachuun daangaan isaa lafaa fi kaartaa irratti ifaan kan adda bahee fi koodii addaa kan qabu qabiyyee lafa tokkoo jechuu dha.
- 9) “Koodii Addaa” jechuun lakkofsa akkaataa qajeelfama kanaan parsalii fi/yookiin bilookii tokko qofaaf kennamu jechuu dha.
- 10) “Mana Galmee” jechuun kutaa mana hojii ta’ee bakkaa ragaan lafaa fi lafaan wal qabatan akka keessa taa’u ramadamee ragaan kun keessatti kuufamuu fi argamu jechuu dha.
- 11) “Safarrii” jachuun dheerina yookiin dalgee qabiyyee lafa tokkoo adda baasanii beekuuf hojii raawatamuu ta’e hojii bal’iin heerreguu kan dabaltuu dha.
- 12) “Kuusaa” jachuun ragaawwan adda addaa qabiyyee lafaan walqabatan kan of-keessatti qabatee fi mana galmee keessatti argamu jechuu dha.
- 13) “Wiirtuu buufata Lakkaa’insaa” jechuun magaalaa tokko keessatti sadarkaa magaalatti yookiin gandaatti hojii lakkaa’insa qabiyyee lafaa raawwachuuf wiirtuu dhaabbatuu dha.
- 14) “Gurmaa’iinsa Ragaa Lafaa” jechuun ragaalee lafaa fi lafaan wal qabatan akkaataa teessuma lafaatiin mana galmee magaalaa keessatti gurmeessuu dha.
- 15) “Indeksii kaartaa” jechuun maappii iddoo tokkoo fi tokkoo ol ta’an bal’ina qaban waliin haala teessuma isaanitiin agarsiifamuu dha.
- 16) “Garee” jechuun gurmaa’insa akkaataa qajeelfama kanaatiin magaalaa tokko keessatti hojii lakkaa’insa qabiyyee lafaa geggeessuuf uumamuu dha.
- 17) “Mana” jechuun magaalaa keessatti mana haala seera qabeessa ta’een yookiin beekumtii seeraa argatee tajaajila kamiifiyyuu ijaarame yookiin ijaramaa jiru dha.



- 18) “Mana Jireenyaa” jechuun mana tajaajila jireenyaatiif ijaaramuun xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiru dha.
- 19) “Mana Dhaabbataa” jechuun mana tajaajila jireenyaatiif ala ijaaramee xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiru dha.
- 20) “Mana Tajaajila Makaa” jechuun mana tajaajila jireenyaa yookiin dhaabbataaf yookiin lamaaniifuu ijaarmaa jiru yookiin ijaaramee xumuramee tajaajila lamaanuu kennaa jiruu dha.
- 21) “Qabiyyee Lafaa” jechuun lafa bu’uura seeraatiin qabamee yookiin akkaataa seeraatiin beekamtiin kennameef jechuu dha.
- 22) “Tajaajila Qabiyyichaa” jechuun lafa magaalaa akka paarsilii tokkootti lakkaa’amu tokko ta’ee, gosa tajaajila adda addaa kan akka mana jireenyaa, dhaabbata adda addaa, qonnaa(horssisa beeladaa, oomisha midhaanii, kuduraa fi muduraa fi kkf kan dabalatu), dheedicha beeladaa, magariisuu magaalaa, dirree ispoortii, fi kan kana fakkaatanu kan dabalatu jechuu dha.
- 23) “Qabiyyee durii” jechuun magaalichi sirna liiziitiin buluu eegaluun dura lafa karaa seera qabeessa ta’een tajaajila adda addaaf qabame yookiin magaalichi erga liiziin buluu eegalee booda lafa kiraan kenname yookiin lafa gara magaalatti daangeffamee kiraan bulaa jiru yookiin liiziin hojii irra erga oolee booda namoota qabiyyee lafa durii irraa buqqa’aniif lafa bakka buufamee kennamu jechuu dha.
- 24) “Qabiyyee Seeraan Alaa” jechuun qabiyyee lafa magaalaa qaama aangoo qabuun osoo hin hayyamamiin qabame jechuu dha.
- 25) “Lafa tajaajila yeroo” jechuun lafa magaala keessatti hayyama qaama aangoo qabuun tajaajila adda addaaf turtii waggaa shan hin caalleef magaala keessatti qabamee argamu jechuu dha.
- 26) “Lafa qonnaa” jechuun lafa magaala keessatti tajaajila hojii qonnaaf guutummaatti oolaa jiru jechuu dha.



27) “Lafa dheedichaa” jechuun lafa magaala keessatti tajaajila dheeda beelladaaf oolaa jiru jechuu dha.

28) “Nama” jechuun, nama uumamaa yookiin dhaabbata seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuu dha.

3. Ibsa Saalaa

Qajeelfama kana keessatti korniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni kun lafa magaaloota Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argamu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.



KUTAA LAMA

Kaayyoo Fi Qajeeltoowwan Qajeelfamichaa

5. Kaayyoo Lakkaa'insaa Fi Gurmaa'insa Ragaa Lafa Magaalaa Qajeelfama Kanaa

- 1) Magaalotni qabeenya lafaa qabanu lakkaawuun ragaa mirgoota tokko tokkoon iddoo lafa qabameen walqabatee jiru adda baasuun murtee mirkaneessa mirga abbaa qabiyyummaa kennuuf haala mijaawaa uumuuf,
- 2) Ragaa lakkaa'insa lafaan argamutti fayyadamuun ragaa lafaa mana galmee keessa jiru teessuma lafaan gurmeessuun riifoormii lafa magaalaa magaalota keessatti hojiirra oolchuuf haala mijaawaa uumuu dandeessisuuf,
- 3) Magaalotni gochoota seeraan alaa lafa magaalaa irratti raawwatamanu to'achuu fi falmiiwwan lafarratti ka'anuu furuu dandeessisuuf haala mijeessuuf,
- 4) Qabeenya lafaa qabanu magaalotni beekumsa irratti hundaawuun fedhii lafaa misoomaaf barbaachisu guutuun qisaasama qabeenya lafaa hambisuuf,
- 5) Gurmaa'insaa fi qabiinsa ragaa lafaa mana galmee cimsuun kenniinsa tajaajilaa seektera lafa magaalaa keessatti foyyeessuun rakkoo bulchiinsa gaarii hanga tokko hiikuu dandeessisuuf.

6. Qajeeltoowwan Lakkaa'insaa fi Gurmaa'insa Ragaa Lafa Magaalaa

- 1) Lakkaa'insi ragaa lafa magaalaa qabiyyee lafa magaalaa mirga lafichaan walqabatu mirkaneessuu osoo hin ta'in tokko tokkoon parsilii magaalicha keessa jiruu ragaa argame yookiin dhiyaate waliin galmeessuun adda baasuun gurmaa'insa galmee lafaaf haala mijaawaa uumuu fi murtee mirga abbaa qabiyyummaaf ragaa deeggeruu danda'u uumuu dha.



- 2) Bal'innii fi daangaan paarsilii lakkaawamuu kamtinuu kan lafarratti argamuu fi kan ragaan dhiyaatu akkuma jirutti kan galmaa'ee qabatamu malee mirkaneessa kennuun hin danda'amu.
- 3) Parsiliin lafa magaalaa magaalicha keessatti argamu hundi tajaajila kamiifuu kan qabame fi/yookiin nama kamiinuu qabamus qabamuu dhabaatus, qaamni parsiliicha qabatee jiru lakkaa'insicha barbaadus barbaaduu dhabus adda bahee lakkaa'amuun galmaawuu qaba.
- 4) Ragaan lakkoofsaa fi gurmaa'insa lafa magaalaa naannicha keessatti sirna walfakkaatuun kan raawwatamuu fi sirna itti gaafatamummaa diriirsuu bu'uura godhachuun ta'uu qaba.
- 5) Hojiin lakkaa'insaa fi gurmaa'insa ragaa lafa magaalaa hubannoo jiraataa magaalichaa dursee uumuun hirmaannaa uummataa karaa mirkaneesseen raawwatamuu qaba.



KUTAA SADI

Qabiyyee Lafa Magaalaa Lakkaa'uu Fi Galmeessuu

7. Haala Waliigalaa Adeemsa Lakkaa'insaa fi Gurmeessa Ragaa Qabiyyee Lafa Magaala

- 1) Bulchiinsi magaalaa kamtinuu ragaa qabiyyee lafaa daangaa magaalichaa keessatti argamu hundaa lakkaa'uun gurmeessuun qabachuuf dirqama ni qabaata.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, hojiin lakkaa'insaa fi gurmeessa qabiyyee lafa magaalaa abbummaan kan raawwatamu Ejensii magaalaatiin ta'a.
- 3) Ejensiin bulchiinsa magaalaa waliin ta'uun humna magaalaatiin yookiin dhaabbilee gorsitootaa qacaruun/outsource/ gochuun yookiin oggeessoota gosa hojii kanarratti seeraan gurmaa'an faayyadamuun hojicha akka raawwatu taasisuun ni danda'a

8. Haaldureewwan Hojii Lakkaa'insa Lafa Magaalaa

- 1) Daangaan magaalichaa dursee kaartaan qophaa'ee lafa irrattis mallattoon dhaabbataa nam-tolchee yookiin uumamaan adda bahee beekamuu qaba.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Lafa daangaa magaalichaa irratti argamu ta'ee gara magaalichaatti akka makamu kan murtaa'e yoo jiraate, adda baasuun walharkaa fuudhinsi qaama laficha duraan bulchaa ture yookiin jiru waliin taasifamee daangaa isaa kan magaalichaa waliin adda baasuun kaartaa bu'uuraa/base map/ irratti agarsiifamuu qaba.
- 3) Daangaa gandoota magaalaa adda baasuun kaartaa bu'uuraa irratti agarsiifamuu fi koodiin addaa akkaataa qajeelfama kanaatiin kennamuu qaba.



- 4) Bilookii magaalaa adda baasuun kaartaa bu'uuraa irratti agarsiifamuu fi koodiin addaa akkaataa qajeelfama kanaatiin kennamuu qaba.
- 5) Parsiliin fotoo xiyyaaraan fudhatame yookiin immeejii saatalaayitii yookiin kaartaa bu'uura adda bahuu /digitized/ ta'uu qaba.
- 6) Indeksiiin kaartaa lafa magaalichaa maxxanfamuun /hard copy print out/ qophaa'uu qaba.
- 7) Gucoota garaa garaa lakkaa'insa lafa magaalaa barbaachisan qophaa'uu qabu.
- 8) Ragaan mana galmee lafa magaalicha keessatti argamuu gandaan adda bahee tartiiba qubeen hardi koppii fi soofti koppiin (Excel yookiin sagantaa moosaajii biroo ragaa kana karaa salphaa ta'een fayyadamuu dandeessisu fayyadamuun) gurmaawee xumuramuu qaba.

9. Uwwisaa fi Adeemsa Ragaa Lakkaa'insa Lafa Magaalaa

- 1) Lakkaa'insi qabiyyee lafa magaalaa kan geggeeffamu guutummaa qabiyyee lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu, iddoowwan tuqaalee to'annoo lafaa dabalatee (GCP), hunda kan haammatu ta'a.
- 2) Lafa gamoowwan manneen waliin qabaman paarsilii isaa murteessuuf bakka hin danda'mnetti gurmaa'insa waldaa mana waliinii bu'uura godhachuun ni danda'ama. Bakka waldaan hin jirretti daandii hordofuun bilookiiwwan uumamanu akka paarsilii tokkootti baay'ina gamoowwanii agarsiisuun galmeessuun ni danda'ama.
- 3) Lafa tajaajila qonnaaf, dheedichaaf, tajaajila magariisuuf, awwaalchaafi kan kana fakkaatanuuf qabamanii jiranu ta'anii bal'ina qabanurraa paarsiliin adda baasuun rakkisaa bakka ta'ee argametti akkuma jirutti akka paarsilii tokkootti fudhachuun lakkaawama.



- 4) Lafti Parsilii abbaan qabiyyichaa ifatti hin beekamne akka qabeenya magaalichaatti fudhatamee maqaa magaalaan galmaawu ta'ee tajaajilli qabiyyichi kennaa jiru ibsamee galmaawa.
- 5) Labsii 47/67tiin iddoowwan manneen dhalaaman irra jiran parsilii tokko tokkoo adda baasanii lakkaa'uuf kan hin mijanne yoo ta'ee fi qabiyyeen nama dhuunfaa keessa kan hin jirre yoo ta'e bakka manneen tokkoo ol ta'an irra qubatan akka parsilii tokkotti koodiin yookiin lakkoofsi addaa kennamuufii ni danda'a.
- 6) Adeemsi lakkaa'insa lafa magaalaa lafa daangaa magaalichaa kallattii kaabatti argamu irraa jalqabuun tartiiba teessumma lafaa kallattii naannawa sa'aatii(clock wise) hordofuun raawwatamuu qaba.
- 7) Hojiin lakkaa'insaa akkaataa bal'inaa fi baay'ina qabiyyee lafaa magaalichaan sagantaan yeroo itti raawwatamu dursee qophaawuun kan raawwatamu ta'uu qaba.
- 8) Bu'uuruma keewwata kana keewwata xiqqaa 7tiin, daangaan yeroo gandootaa fi wiirtuunis qophaa'ee dursee jiraattotaaf yoo xiqqaate guyyaa 10 dura karaa mijaawaa ta'een yoo xiqqaate marraa/yeroo lama beeksifamuu qaba.

10. Ragaalee Galtee fi Bu'aa Lakkaa'insa Lafa Magaalaa

- 1) Hojii lakkaa'insaa qabiyyee lafaa raawwachuuf galteewwan kan akka fotoo xiyyaaraan fudhatame, immeejii saatalaayitii fi kaartaa bu'uura Instiitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaatiin yookiin qaama kaartaa bu'uura akka hojjetuuf aangoon kennameefin yookiin hojii walfakkaatuuf jecha fotoo xiyyaaraan fudhatame yookiin immeejii saatalaayitiitii fayyadamuun kaartaa bu'uura hojjetametti fayyadamuun ni danda'ama.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, kaartaan bu'uura hojii kanaaf akka oolu murtaawuun dura sirrummaan isaa qaama dhimmi ilaaluun mirkanaawuu qaba.



- 3) Ragaan lakkaa'insaa walitti qabame qajeelfama kana keessatti akkaataa tumameen qulqullinni isaa mirkanaa'ee"soft copy fi hard copy"dhaan gurmaa'ee qaama Ejensichaan ramadameen akka mallattaa'ee fuudhamuun gurmaa'ee taa'uu qaba.
- 4) Ragaan lafa magaalaa akkaataa qajeelfama kanaatiin lakkaa'amuun sassaabamu galtee ragaa lafaa mana galmee teessuma lafaan deebisanii gurmeessuufi kan seera biroo keessatti tumame akkuma jirutti ta'ee, hojii murtee mirkaanessa abbaa qabiyyummaa kennuuf akka ragaa deeggertuutti fayyaduu ni danda'a.
- 5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumame jiraatus, lakkaa'insa lafa magaalatiin qabiyyeen tokko galmaawuu qofti mirga abbaa qabiyyummaa mirkaneessuuf akka ragaatti fudhatamuu hin danda'u.
- 6) Ragaan lakkaa'insaa lafa magaalaa tajaajila keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumameef ooluu danda'uu isaaf dursee ogeessota Ejensii sadarkaan jiranuun madaalamee fudhatama yoo argate qofa ta'a.
- 7) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 6 jalatti tumame raawwachuuf ulaagaa Ejensii naannoo baasuun ragaa lakkaa'insaa kana akkaataa barbaachisummaa isaatti magaalota naannoof itti waamamanuu ogeeyyii Ejensii naannootiin, magaalota godinaaf waamamanu ogeeyyii Ejensii godinichaan yookiin qaama sadarkaan hojii kanaaf ramadamuun madaalamee mirkanaa'uun ta'a.
- 8) Ragaan Lakkaa'insa lafaa fi gurmaa'insi ragaa mana galmee tartiiba gandoota keessatti xumuramaniin qulqullinnii fi ga'umsi isaa ogeessota Ejensiin sakatta'amaa mirkanaawaa deemuun akka magaalatti waraqaan mirkaneessa ragichaa erga kennameen booda hojii itti aanuuf akka galteetti yookiin akka deeggertuutti fayyadamuun ni danda'ama.



11. Gurmaa'insaa Fi Humna Namaa Lakkaa'iinsa Ragaa Lafa Magaalaa Geggeessuuf Barbaachisu Murteessuu

- 1) Akkaataa bal'inaa fi haala qabatamaa magaalichaatiin baay'inni gurmaa'insa wiirtuu fi humna namaa barbaachisuu Ejensiin magaalichaa murteessuu ni danda'a.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, magaalli kamtinuu yoo xiqqaate wiirtuu lakkaa'insaa tokkoo fi ogummaa hojii kanaaf barbaachisu hunda kan ofkeessatti haammate garee tokko ni qabaata.
- 3) Gareen wiirtuu tokkoof gurmaawu akkaataa qajeelfama kanaatiin qaama hojii kana raawwachuuf itti gaafatamummaa fudhateen kan ramadamu qindeessaa tokko kan qabaatu ta'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata.
 - a. Ogeeyyii hojii kana raawwachuuf ogummaa gosa adda addaa barbaachisu qabanu hunda
 - b. Ejensii magaalaa yookiin gandichaan kan ramadamu, bakka Ejensiin hin jirretti Bulchaa gandichaan kan ramadamu ogeessi hojii kanaaf dhiyeenyaa fi hubanno qabu xalayaan kan ramadamuu qabu ta'e tokkoo fi,
 - c. lakkaa'insa bilookii tokkootiif bilookicha qofaaf abbootii qabiyyee bilookichaan filatamee kan bakka bu'u yoo xiqqaate namni lamaa fi garee misoomaa yoo xiqqaate namni tokko miseensa garee kanaa ta'uun hirmaachuu qabu;
- 4) Ejensiin bulchiinsa magaalichaa waliin dubbachuun ogeessoota hojii kanaaf barbaachisu tooftaa filateen guuttachuu yookiin akka guutamuuf taasisuu qaba.
- 5) Bal'ina magaalotaa irratti hundaa'uudhaan hojii lakkaa'insaa qabiyyee lafaaf wiirtuu tajaajilu sadarkaa magaalaatti fi/yookiin gandaatti lakkaa'insi qabiyyee lafaaf hanga hojiichi xumuramutti Ejensiin kan qopheessu ta'a.



- 6) Wiirtuun lakkaa'iinsa qabiyyee lafaa kun itti waamamni isaa Ejensiidhaaf ta'a.
- 7) Hojiin lakkaa'insaa qaama alaatiin akka gaggeeffamu kan murtaa'e yoo ta'e haala qabatamaa magaalichaa irratti hundaa'uun wirtuuleen hojii barbaachisaa ta'an hundaa'uu isaanii fi humni namaa guutamuu isaa Ejensiin magaalichaa ni hordofa.
- 8) Humni namaa hojii kana raawwatu hojii keessa osoo hin galin leenjii gahaa ta'e argachuu qabu.

12. Hojii Dirree Irratti Raawwataman

- 1) Bilookiwwanii fi paarsiloota waajjira keessatti hojjetaman qabatamaan kan lafa irra jiru waliin walsimsiifamuu haarofamuu /updated/ qabu.
- 2) Paarsilootaaf koodiin addaa kan kennamuuf ta'ee; adeemsi walduraa duubaa kenniinsa koodii addaa kun maanuwalii bahuun kan ibsamu ta'a.
- 3) Safarriin paarsilii tokko tokkoo meetiraan yookiin meeshaa walfakkaatuun geggeeffamuu ni danda'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, lafa qonnaan bulaa babal'aa meeshaa hammayyaa bal'ina lafaa safaruuf dandeessisu biroon fayyadamuun ni danda'ama
- 5) Gocoota maanuwaalii qajeelfama kana raawwachiisuuf qophaa'u keessatti hojii kanaaf qophaa'etti fayyadamuun ragaa abbaa qabiyyee walitti qabamuu qaba.

13. Kenniinsa Koodii Addaa

- 1) Qabiyyee lafa magaalaa lakkaa'uun kan raawwaatu sadarkaa bilookiitiin ta'ee, bilookii tokko keessatti kan argaman qabiyyee lafa magaalaa adda bahee koodiin addaa iddoo kan kennaamu ta'a.
- 2) Tokkoon tokkoo bilookii fi parsilii bilookii keessatti argamaniif kallattii kaabaa irraa jalqabuun wal-duraa duubaan akkaataa maanuwaalii qajeelfama kana raawwachiisuuf bahuun koodiin addaa kennamuufii qaba.



- 3) Akkaataa keewwaata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 tiin iddoowwan koodiin addaa kennaameef bal'ina isaanii galmeessuu kan dandeessisu safarriin meetraan yookiin meeshaalee hammayyaa tajaajila walfakkaatuuf ooluu danda'uun gaggeessuun ni danda'ama.
- 4) Iddoowwan adda bahanii safaraman tokkoon tokkoon isaniitiin kaarataa bu'uuraa irratti ibasmuu qabu;

14. Ragaawwan Bu'uuraa Dirree Irraa Walitti Qabamu Qabanu

- 1) Ejensiin ragaalee hojii isaatiif na gargaara jedhee yaadu walitti sassaabuuf mirga ni qaba.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, ragaawwan bu'uuraa armaan gadii walitti sassabamuu qabu.
 - a. Maqaa guutuu abbaa qabiyyee;
 - b. Lakkoofsa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa (yoo qabaate);
 - c. Ragaa biroo qabiyyichaan walqabate (Waraqaa mirriitii, naga'ee kiraa lafaa, waliigaltee kenna/bittaa/, waraqaa murtee mana murtee, waraqaa dhaalaa fi kkf)
 - d. Teessoo iddichaa (Magaalaa, ganda, Lakkoofsa Bilookii, Lakkoofsa addaa Parsiilii);
 - e. Bal'ina iddoo;
 - f. Tajaajila iddichi amma kenna jiru;
 - g. Gosaa fi baay'ina qabeenya dhaabbataa qabiyyicharra jiru;
 - h. Haalaa fi yeroo qabiyyichi itti qabame;
 - i. Ragaawwan adda addaa kan biroo of keessatti kan haammatu ta'a.

15. Lakkaa'iinsa Qabiyyee Lafa Magaalaa Geggeeffame Mirkaanessuu Fi Galmeessuu

- 1) lakkaa'insi bilookii xumuramuun isaa erga mirkaanaa'ee booda ragaan sassaabame kan galmaa'u ta'a.
- 2) Haalli safarrii fi dhimma teekiniikaa sirrummaan isaa oggeessa wirtichaatiin mirkanaa'uu qaba.



- 3) Qindeessaan wiirtuu bilookii tokkoon tokkoon akkaataa qajeelfama kanaatiin iddoowwan lakka'amu qaban hundi lakkaa'amu fi galmaa'uu isaanii mirkaneessuu qaba.
- 4) Ejensii keessatti adeemsi hojiin lakkaa'insa qabiyyee lafa ilaallatu galmeessi bilookii xumuramuu isaa fi waa'ee iddichaa ibsi gahaan gutamuu isaa mirkaneeffachuun ni galmeessa.

16. Sirna Qabiinsa Galmee Lakkaa'iinsa Lafaa

- 1) Galmee lakkaa'iinsa lafaa hojii kana qofaaf kan tajaajiluu fi hojii kanaaf akka tolutti koodii addaatiin sadarkaa isaa eeggate kan qophaa'u ta'a.
- 2) Fuula galmee lakkaa'iinsa lafaa maxxanfamu irratti ibsa keewwata 18 keewwata xiqqaa (2) jalatti kan jiru kan haammatu ta'ee,
 - a. Fuula baafata galmichaa irratti lakkofsa addaa galmee,
 - b. Baay'ina fuulaa,
 - c. Maqaa fi baay'ina gandaa ragaa lakkaa'insichaa
 - d. Baay'inaa fi lakkoofsa bilooki fi,
 - e. Baay'ina paarsilii galmee irratti galmaa'e,
 - f. Maqaa fi maallattoo raawwataa galmeessee
 - g. Maqaa fi maallattoo abbaa adeemsa hojii hojiin lakkaa'insa qabiyyee lafa magaalaa ilaallatu fi kan biroo ragaawwan barbaachiisaa ta'an hunda ni qabaata.
- 3) Galmeen ragaan lakkaa'iinsa lafaa irratti galmaa'ee eerga xumuramee booda odeeffannoo barbaachiisaan hundi baafata irratti guutamee fi galmeessaa raawwataa lafaatiin mallataa'ee abbaa adeemsa hojii hojiin lakkaa'insa qabiyyee lafa magaalaa ilaallatuuf ni dhiyeessa.
- 4) Abbaa adeemsa hojii hojiin lakkaa'insa qabiyyee lafa magaalaa ilaallatu galmee dhiyaateef sakkata'uun sirrii ta'uu mallatteessuun ni mirkaneessa.
- 5) Chaappaan Ejensii itti godhamee iddoo galmee nageenyummaan isaa itti eegamuu fi tajaajilaaf mijaataa ta'eetti sirnaan ni gurmaa'uun, ni eegama.



- 6) Hojjetaan itti gaafatamaan mana galmee mallatteessee fuuchuun ni bulcha, ajaja itti gaafatamaa yookiin itti aanaa itti gaafatamaan Ejensichaatiin ala galmeen kun socho'uu hin danda'u.
- 7) Qaamni galmee kana hojiif barbaadu kamtinuu galmee kana hojiif kan barbaadu ta'uun akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 6 jalatti tumameen itti amanamee hayyamamu mallatteessuun fuudhee itti fayyadamuun guyyuma san deebisuu qaba.

17. Qabiinsaa fi Gurmeessa Ragaa Lakkaa'insa Qabiyyee Lafa Magaalaa

- 1) Ejensichatti Adeemsi hojii yookiin Gareen hojiin lakkaa'insa qabiyyee lafa magaalaa ilaallatuu ragaa lafa magaalaa lakkaa'inaan argame maanuwaaliin yookiin moosaajjii hojii kanaaf gargaaruun of-eggannoon gurmeesuun ni qabata.
- 2) Ragaa lafa magaalaa gurmaa'e irratti jijjirama gaggeeffamu adeemsa qajeelfama Kanaan tumame hordofuun raawwatamuu isaa yeroo sadarkaan mirkaanaawee dhiyaatu haaromsaa deemuu qaba.
- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, adeemsi yookiin gareen kun dhaabbilee dhimmi ilaalu waliin ta'uun kaadaastara magaalaa ni gurmeesa.

18. Ragaa Lakkaa'insa Qabiyyee Lafa Magaalaa Bulchuu

- 1) Ragaan lafa magaalaa gurmaa'e adeemsa hojii yookiin garee hojiin lakkaa'insa qabiyyee lafa magaalaa ilaallatuun kan bulu ta'a.
- 2) Abbaa adeemsa hojii yookiin dursaa garee hojiin lakkaa'insa qabiyyee lafa magaalaa ilaallatuu galmee lakkaa'insa lafa magaalaa fi immeejii saatalaayitii, fotoo balalii, xiyyaaraa, kaartalee bu'uura, tuqaawwan to'annoo lafaa (GCP) akkasumas ragaalee lafaa fi lafaan walqabatan galmeessuun ni eega, ni bulcha

19. Hojii Hubannoo Fi Hirmaannaa Jiraataa Magaalaa

- 1) Hojii hubannoo uumuu
 - a. Hojii lakka'iinsa qabiyyee lafa magaalaa rawwaachuuf caasaa mootummaa sadarkaa sadrakaan jiruu fi uummaata magaalaa



tooftaa garaa garaa fayyadamuun hojiin hubannoo uumuu raawwatamuu qaba.

- b. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) irratti tumame akkuma jirutti ta'ee, qaamoleen mootummaa fi kutaaleen hawwaasaa irratti xiyyeeffatamee dursa hubannoon kennamuufii qabu:
 - i. Miseensota Kabiinee Magaalaa
 - ii. Hojjataa Mootummaa sadarkaa sadarkaan jiru
 - iii. Caasaa Gandaa
 - iv. Abbooti ammantaa
 - v. Miseensota Bakka bu'oota manneen marii magaalichaa sadarkaan jiranuu fi
 - vi. Waldaalee hawaasummaa garaagaraatii fi kan biroof ta'uu qaba
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumameen qabxiilee hubannoon irratti uumamuu qabu yoo xiqqaate kanneen armaan gadii haammachuu qaba.
 - a. Barbaachisummaa lakkaa'insa qabiyyee lafa magaalaa,
 - b. Kaayyoo, galmaa fi bu'aa hojii kanaa,
 - c. Ga'ee fi dirqama qaamolee hundaa hojii kana keessatti qabanu
 - d. Tartiibaa fi adeemsa sagantaa hojii kanaa
 - e. Ragaalee jiraattota irraa hojii kanaaf barbaachisanu fi kanneen biroo milkaa'ina hojichaaf guumaachuu danda'anu haammachuu ni danda'a.
- 3) Hirmaannaa fi ga'ee jiraataa magaalaa
 - a. Yeroo lakkaa'iinsa qabiyyeen lafaa raawwatamu hirmaanna jiraatoota magaalaatiin ta'a.
 - b. Jiraattootni bilookii lakkaa'insi irratti adeemsifamu sana keessatti argamannu nama bakka bu'uu danda'u filachuun yookiin kallattiin adeemsa lakkaa'insaa irratti hirmaachuu qabu.



- c. Abbaan qabiyyichaa guyyaa qabiyyeen isaa itti lakkaa'amu guyyaa 10 dursee akka beeku karaa bulchiinsa gandaan ni taasifama.
- d. Abbaan qabiyyee kamtinuu yookiin bakka bu'aan isaa(bakka bu'ummaa seeraa kan qabu) ragaalee adda addaa seera qabeessa ta'e dhiyeessuu fi yeroo sagantaa qabiyyee isaa lakkaawuuf qabamuuf eegge bakkatti argamuuf dirqama ni qabaata.
- e. Abbaan qabiyyee Sagantaa yeroo lakkaa'insa qabiyyee isaa irratti argamuu dhabuu isaatiin ragaan qabiyyee isaa osoo hin sassaabamin yoo hafe ragaalee argaman qofaa irratti hundaawuun lakkaa'insi geggeeffamuu ni danda'a.
- f. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2(e) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, ragaalee sanadaa abbaan qabiyyee osoo sagantaa yeroo lakkaa'insaa irratti hin argamin hafe wiirtuu lakkaa'insa isaatti qaamaan dhiyeeffachuun yeroo lakkaa'insaaf murtaa'e keessatti dhiyeeffachuu ni danda'a.
- g. Bakka bu'oota garee misoomaa yookiin caasaa gandaa hojii lakkaa'iinsaa irratti ogeeyyii waliin hirmaataniif akkaataa qabatamaa magaalichaatiin durgoon kan kaffalaamuufii ni danda'a.



KUTAA AFUR

Gurmaa'iinsa Ragaa Qabiyyee Lafa Magaalaa

20. Haala Gurmaa'iinsi Ragaa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ilaalchiise;

- 1) Kuusaalee ragaa qabiyyee lafaa mana galmee keessa jiran gurmeessuun walqabatee kan qajeelfama bulchiinsa qabiyyee lafa magaalaa naannichaatiin kan tumamuu danda'u akkuma jirutti ta'ee;
 - a. Ragaan qabiyyee lafaa kan gurmaa'u bu'uura ragaa lakka'iinsaa qabiyyee lafaa fayyadamuun ta'a.
 - b. Koodiin kuusaaf kennamu koodii paarsilii kuusaa sana waliin walqabatuuf kenname ta'ee, koodiin sheeliifii faayilichi irratti argamuu dabaluun ni danda'ama.
 - c. Gurmaa'iinsi ragaa qabiyyee lafaa mana galmee keessatti gurmaa'uu akkaataa maanuwaalii qajeelfama kana raawwachiisuuf bahuun duraa duubaa koodii bilookiitiin ta'uu qaba.
- 2) Koodiin addaa parsilii fi koodiin addaa teessoo sheelfii agarsiisu kuusaa irraatti maxxanfamuu qaba.
- 3) Koodiin kuusaa abbaa qabiyyeetiif qophaa'ee kennamuufii qaba.
- 4) Baafatni sadarkaa gandaa fi bilookiitti qophaa'uu qaba;

21. Adeemsa ragaa lafaa mana galmee gurmeessuu keessatti rakkoon kuusaan yookiin faayilli bade yookiin barbaadamee yeroof hin argamne yoo mudate tartiiba furamaataa hordofamuu qabu,

- 1) Kuusaa Seera Qabeessa Qabaachuu isaa Mirkaneessuu
 - a. Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa orijinaalli tajaajilamaa harka jirachuu isaa mirkaneessuu,
 - b. Sanadawwan tajaajilli adda addaa ittiin keessumaawaan, nagahee kaffaltii kiraa yookiin liizii, akkasumas nagahee gibira tajaajilamaan akka dhiyyeessu gochuu,



- c. Faayilichi galmee galaanaa yookiin haadhoo irratti galmaa'uu isaa mirkaneeffachuu,
 - d. Kooppiin kuusichaa faayiloota koppii ta'anii taa'an yoo jiraate keessa barbaduu, yookiin lafa invastimantii yoo ta'e, ragaan naannoo irratti argamu yoo jiraate gaafachuun qulqulleessuu,
 - e. Akkaataa keewwata kan keewwata xiqqaal(c fi d) jalatti ibsameen argachuun yoo hin danda'amne, kanneen keewwata xiqqaa 1(a fi b) jalatti ibsaman yoo guutamanii argaman kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tarreeffaman qulqullaa'anii haala keewwaata 22 jalatti tumameen furmaatni yeroo kennamuu ni danda'a.
- 2) Kuusaan Bade Rakkoo kan hin qabne ta'uu isaa Qulqulleessuu
- a. Galmee wabii fi dhoorkaa irratti wabii fi dhorkki hin haqamin jiraachuu fi jiraachuu dhabuu qulqulleessuu,
 - b. Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa haqaman keessa jiraachuu dhabuu isaa qulqulleessuu,
 - c. Kooppii kuusaa keessa wabii fi dhorkiin hin kaane jiraachuu fi jiraachuu dhabuu mirkaneessuu,
 - d. Qaamni qabiyyicha fi/yookiin mana idaadhaan/liqiidhaan qabeera yookiin qabsiiseera fi kkf jedhu yoo jiraate guyyaa 30 keessatti akka dhihaatuuf gaazexaa magalata Oromiyaatiin waamicha gochuu,
 - e. Tajaajilamaan faayilichi jalaa bade dirqama itti gaafatamummaa akka galu godhuun mallateessisuu,
 - f. Bulchiinsa gandaa qabiyyichi keessatti argamu irraa bareeffamni abbaa qabiyyummaa mirkaneessu yoo dhihaatee fi ragaaleen barbaachisoon biroo qulqullaa'anii rakkoo fi gaaffiin kan irra hin jirre tahuun Itti gaafatama Ejensii yookiin Abbaa Adeemsa hojii bulchiinsi qabiyyee jalatti gurmaa'een yoo mirkanaa'u kuusaan yeroo ni banamaaf.



22. Haala Baniinsa Kuusaa Yeroo

- 1) Kuusaa yeroo akka banamu kan ajaju itti gaafatama Ejensii yookiin Abbaa Adeemsa hojii garee bulchiinsi kuusaa sanada ragaa qabiyyee /manni galmee/ jalatti gurmaa'e ta'a.
- 2) Kuusaa Yeroo Keessatti Ragaalee Hammatamuu Qaban
 - a. Kooppii waraqaa ragaa abbaa qabiyyiyyummaa,
 - b. Guca qulqulleessaa jechuun qabiyyichi kuusaa duraan qabaachuu isaa, waraqaa ragaa abbaa qabiyyiyyummaa galmee lakkoofsi waraqaa ragaa abbaa qabiyyiyyummaa ittiin kennamu irratti galma'uu isaa, galmee wabii yookiin dhorkaan keessa jirachuu dhabuu guca agarsiisu,
 - c. Kooppiin gaazeexaa mormiin yoo jiraatee akka dhihaatuuf ittiin waamame,
 - d. Bulchiinsa gandaa qabiyyichi keessatti argamu irraa barreeffama abba qabiyyichaa tahuu isaa mirkaneessu dhihaate,
 - e. Guca tajaajilamaan dirqama ittiin galee fi sanada raawwataan murtoo ittiin kenne,
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin kuusaan yeroo yoo baname,
 - a. Kuusiichi kuusaa yeroo tahuu isaa kuusicha irratti barreeffamuu qaba.
 - b. Hammattuu kuusichaa keessatti tarreeffamoota kuusaan yeroof banameef qofatu walqabachuu qaba.
 - c. Adeemsa keessa kuusaan orijinaaliin bade yoo argame walitti qabsiifama.
 - d. Kuusaa orijinala keessatti sanadni tajaajilli kuusaa yeroon kenname kan dhoorkisiisu/uggursiisu yoo argame, tajaajilli kenname guyyaa kuusaan yeroo kenname irraa kaasee akka haqamu godhamuu qaba.



- e. Abbaan qabiyyichaa dirqama galee irratti hundaa'uun seera yakka sobuutii fi seerota barbaachisaa tahaniin akka gaafatamu ni godhama.

23. Ragaawwan Kompiitara Keessatti Iskaanii Ta'anii Galuu Qaban

- 1) Magaalotni moosaajii ittiin ragaa iskaan ta'e ittiin bulchan yoo qabaatan ragaawwan barbaachisaa ta'an iskaan gochuu ni danda'u
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, yoo xiqqaate ragaaleen qabiyyee lafaa kanatti aananu iskaan ta'uu qabu;
 - a. Waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyyummaa,
 - b. Qabiyyee sirna liiziitiin bulu yoo ta'e waliigaltee liizii,
 - c. Ragaalee waliigaltee yookiin murtee dabarsa abbaa qabiyyummaa,
 - d. Ragaalee dhorkaa baankii yookiin manneen murtii yookiin qaama aangoo qabu irraa dhiyaatee,
 - e. Ragaa murtee lafaa qaama aangoo qabuun kennamee,
 - f. Ragaa tarkaanfiiwwan qabiyyicharratti sadarkaan qaama aangoo qabuun kenname
 - g. Naga'eeffan kafaltiiwwan qabiyyichaan walqabatee bara dhiwoo keessa itti raawwatame
- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, moosaajii ittiin ragaawwan iskaan ta'an ittiin bulchan hojiwwan wayiteessuu /up to date/ taasisuu dabalatee kan hin qabne yoo ta'e ragaawwan kuusaa keessa jiran iskaan hin ta'an.
- 4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti tumame akkuma jirutti ta'ee, bulchiinsi magaalaa gaaffii Ejensii irratti hundaa'ee bajaata fi humna namaa dabalatee deggersa taasisuuf dirqama qaba.



Designing
Teds Designing and Printing Services
Tells 251/912 23 31 38